“Dhugumatti Rabbiin ol ta’e abboota keessaniin kakachuu irraa isin dhoorga

Umar bin Al-Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: “Dhugumatti Rabbiin ol ta’e abboota keessaniin kakachuu irraa isin dhoorga”, Umar akkana jedhe: Rabbiin kakadhe, ergan Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kan kakuu kana irraa dhoorgan dhagahee beekes ta'ee nama irraa himus ta'ee ittiin kakadhee hin beeku.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin ol ta'e abbootii ofiitiin kakachuu akka dhoorgu himani, kanaafuu namni kakachuu barbaade Rabbi qofaan kakata malee waan Isa malee jiruun hin kakatu. Eegasii umar bin Al-Khaxxaab -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- eega Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sana irraa dhoorgan dhagahee beekaatis ta'ee nama biraa irraa waan Rabbiin malee jiruun kakachuu himuunis ta'ee akka ittiin hin kakatin dubbate.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/2945